

Dhukkubni Vaayrasii KORONAA (COVID 19) Maali?

Dhukkubni Vaayrasii Koronaa (COVID 19) Dhukkuba qaama hafuura baafannuun kan miidhuu yoo ta'u, Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa Weerara Hamaa Addunyaati jedheenii jira.

Wantootni ofii keessanii fi Maatii keessan dhukkuba kana irraa eeguuf fi tatamsa'ina dhukkubichaa hir'isuuf qabnu ni jiru.

Biyya keenya Itiyoophiyaa keessattis namoonni Vaayrasii kanaan qabaman waan argamaniif tatamsa'ina vaayrasiichaa dhaabuudhaaf beekumsa kun hedduu barbaachisaadha.

Ardii Antaartikaa ala biyyoonni hundinuu dhukkubni kun biyya isaanii akka galee fi hawwaasa hunda miidhaa akka jiru beeksanii jiru.

DHUKKUBNI KORONAA AKKAMITTI DADDARBA?

Namoonni yeroo walitti dhufanii fi walitti dhiyaatan, Yeroo haxxifatanii fi Qufa'an, nama vaayrasii kanaan qabaman irraa gara nama fayyaa'eessatti darba. Kana malees namni tokko meeshaa dhukkubsataan tokko fayyadame yookan harka isaa tuqee Afaan, Funyaan yookan ija ofii tuquudhaan Vaayrasii Kanaan qabamuu danda'a.



Qufa'uu fi Haaxxiffachuu



Wal-tuttuqiinsa Nama biraa wajjiin taasifamu



Iddoowwanii fi meeshaalee Faalaman

DHUKKUBNI KORONAA IRRA CAALAATTI EENYUUN MIIDHUU DANDA'A?

Haanga ammaatti Lakkoofsaan yeroo ilaalamu dargaggoonni fi shamarran carraa dhukkuba Kanaan qabamuu fi du'uu isaanii xiqqaa ta'us, isaanis dhukkuba Kanaan qabamuu fi hawaasa birootti dabarsuu ni danda'u.

Namoonni tokko tokko namoota biroo caalaa carraan dhukkuba Kanaan miidhamuu isaanii guddaa ta'uu danda'a. Kanneen keessaa Maanguddoonni, Namoota Dhukkuba Birootiin miidhaman (Dhukkuba Onnee, Dhukkuba Soomaa, Dhukkuba Kalee fi Dhukkuba Sukkaaraa) tiin namoota dhukkubsatan.

Kanaaf, Namni Umrii kamirrayyuu jiru ofii isaa, maatii isaa fi hawwaasa naannoo isaa dhukkuba kanarraa eeguu qaba.

Dhukkubni Koronaa dhukkubbii salphaa irraa hanga du'aa nama saaxiluu danda'a.

Dhukkuba kanaan erga qabamnee guyyaa 2 hanga 14 keessatti mallattoowwan nurratti mul'achuu danda'u. Garuu ammoo namoonni tokko tokko Vaayrasii Kanaan qabamanii mallattoowwan dhukkubichaa hin agarsiisan ta'a. Garuu haala kana keessatti dhukkubicha gara namoota birootti daddabarsuu danda'u.

Mallattoowwan dhukkuba Koronaa gurguddoo ta'an.

- Ho'ina qaamaa
- Qufaa Gogaa ta'e
- Haafuura baafachuufii galfachuuf rakkachuu

1 MALLATTOOWWAN DHUKKUBA KORONAA

2 DHUKKUBA KANAAN QABAMUU KEESAN YOO SHAKKATAN


Ho'ina Qaamaa, Qufaa yookan hafuura baafachuuf galfachuu rakkachuu yoo ofirratti argitan dursa mana keessatti addatti bahaatii, gara lakkoofsa Bilisaa 6955 ykn 8335 irratti bilbilaa. Gorsaa fi Deeggarsa ogeessaa ni argattu.

WAA'EE VAAYRASII KORONAA (COVID 19) WANTI BEEKUU QABDAN

4 WAL TUTUQQII IIRRAA OF QUSACHUU FI FAGEENYA EEGUU

Ofii keessanii fi Maatii keessan Dhukkuba Koronaa irraa eeguuf, iddoo namoonni itti hedduumaatan irraa of qusachuu qabdu. Vaayrasii Koronaa Haala salphaadhaan namarraa namatti akkasumas meeshaawwan adda addaa irratti kan daddarbu waan ta'eef amala of qusannaa fi of eeggannoo Horachuu qaba.

- Haala danda'ameen nama irraa Meetira 1 yookan tarkaanfii lama fagaadhaa.
- Harka wal fuudhuu, Wal haammachuu, wal dhungachuu fi wal tuttuqiinsa kamiyyuu irraa of qusadhaa.
- Iddoo namoonni itti baay'atan, Wal gahiwwan gurguddoo fi walitti dhufeenyota adda addaa kan akka (Cidha, Booyicha, Awwaalcha, sirnoota Amantii) irraa yeroodhaaf of qusadhaa.
- Mallattoowwan akka qufaa, Haaxxiffachuu fi Ho'ina qaamaa yoo isinitti dhagahame namoota irraa adda of baasaa kophaa ta'aa.



Nama kamiyyuu irraa yoo xinnaate Meetira 1 fagaadhaa

Harka keessan sirriitti dhiqadhaa: Dhukkuba koronaa ittisuuf filannoon inni duraa fi filatamaan Harka keenya bishaaniin jiiisnee, Harka keenya lamaan quba hundaa hanga waliin geenyutti sirriitti Saamunaadhaan hanga sakondii 30f sukkuumaa sirriitti dhiqachuu qabna. Kunis harka keenya isa keessaa fi quboota keenya hunda sirriitti dhiquudhaan bishaaniin qulqulleessuu qabna.

Ija keessan, Afaan keessan fi funyaan keessan harka hindhiqaminiiin tuquu irraa of qusadhaa: Harki keenya guyyaatti wantoota baay'ee tuquu waan danda'uuf osoo hin beekin Vaayrasichi gara qaama keenyaa akka seenu goona. Kanaaf harka keenya iddoowwan olitti ibsamannu tuquu dhiisuudhaan of eeguun Vaayrasichi gara qaama keenyaa akka hin seenne godhuu ni dandeessuu.

Yeroo Qufaatani fi Haaxxiffadannu Afaani fi Funyaan keessan Sooftii ykn harka keessan fayyadamuun haaguuggadhaa: Sooftii akkuma itti fayadamaniiin meeshaalee gataa balfaa qadaada qabu keessatti gataa; harka keessanis dhiqadhaa. Kana gochuun keenya Vaayrasii yeroo Haaxxiffannuu fi Qofaanutti nu keessaa bahu nama biraatti akka hin dabarre taasisa.

Wantoota Namootni irra deddeebiidhaan tuqan, kanneen akka qabduu Balbalaa ykn Karra, Ibsituu fi Dhaamsituu Ifaa, Siibiila ykn Muka mana keessaa, Bantuu Boombaa fi Riimootii dabalatee Meeshaalee waliin fayyadamnu hunda dafnee dafnee keemikaalii fi Saanitaayzaridhaan Qulqulleessuu: Haammii Alkoolii fayyadamni yoo xinnaate 70% ol, kanneen dhiqaman Saamunaadhaan sirriitti Dhiquu qabna

TALAALLIIN VAAYRASII KORONAA HANGA AMMAA KAN HIN ARGAMNEE FI YAALII IRRA KAN JIRU YOO TA'U, HIN XUMURAMNE

Saayintiistoonni Addunyaa hundi Talaallii dhukkuba Koronaa argachuuf Haalkanii fi Guyyaa Hojjachaa jiru. Yeroodhaaf Harka keenya Sirriitti dhiqachuu fi Fageenya keenya eegnee yoo sochoone, Iddoowwan namoonni itti baay'atan irraa yoo of qusanne tamsa'ina dhukkuba kanaa to'achuu ni dandeenya.



NAMNI HUNDI ITTI GAAFATAMUMMAA ISAA YOO BAHE TATAMSA'INA VAAYRASII KORONAA NI DHAABNA

Odeeffannoo Dabalataatiif 6955 ykn 8335 irratti bilisaan bilbilaa



USAID UMMATA AMERIKAA IRRA